# سُورَةُ الجَاثِيَةِ
# Suuraa Jaathiya`aa

*Dura dursoo suuran tun Suuratul jaa-thiyaa jeamte

قبل كل شئ هذه السورة تسمى بسورة الجاثية

*Isiin suuraa makkaati Aayata **14** malee isiin
ta rnadiinaaati .

هي سورة مكية الا آية ١٤ وهي مدنية

*Aayaanni isi'ii (37)

وآياتها ( ٣٧ )

*Lakkooysi Isiii (45}

وترتيبها ( ٤٥ )

*Isiin eega Suuraa (dukhaanii } buute .

وهي نزلت بعد سورة الدخان

*Jalqabni dubbiii maqaa Rabbiitii .

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

1}*( Hgaa miim }makgnaa jecha kan-atti waan fedhame , rabbumaatu beekha

حمٓ ①

*Qur'aana buusun .

تَنزِيلُ ٱلْكِتَٰبِ

*Rabbirraayi . waaqarraayi

مِنَ ٱللَّهِ

*Waaqa jabaa ,kan waa takka isa hin injifanne.

ٱلْعَزِيزِ

2}*Kan hikmaa qabu , kan dalagaan isaa akka malee hin taane .

ٱلْحَكِيمِ ②

*Sami'iifii dachii uumuu keessa , raga tokkummaa Rabbiitifii , dandeytii isa-atu ,Jira

إِنَّ فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ لَءَايَٰتٍ

3}*Warra Rabbi dhugooomsuf ,

لِّلْمُؤْمِنِينَ ③

* Ammallee uumaa teessan keessa .

وَفِى خَلْقِكُمْ

*Ammallee waan lafarra yaa'u , uumuu keessa.

وَمَا يَبُثُّ مِن دَآبَّةٍ

4}*Ragaa iimaanatiitu jira . warra guy-yaa qiyaarnaatti amanuuf.

ءَايَٰتٌ لِّقَوْمٍ يُوقِنُونَ ④

وَٱخۡتِلَٰفِ ٱلَّيۡلِ وَٱلنَّهَارِ

*Halkaniifii , guyyaan wal taraa dhufuu keessa.

وَمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مِن رِّزۡقٖ

*Ammallee rizqii Rabbiin samiii buuse, keessa, sun Rooba . waan inni sababaa rizqiii tayeef, rizqii jearnee yaamamee

فَأَحۡيَا بِهِ ٱلۡأَرۡضَ بَعۡدَ مَوۡتِهَا

*kan rooba saniin dachii goggoydee duute jiraachise

وَتَصۡرِيفِ ٱلرِّيَٰحِ

*Ammallee, Rabbiin qilleensa gara ga-gaIchuu keessa, taraa takka mirga, taraa takka bitaa. oofee, taraa takka cow'isee taraa takka qabbaneessee. uumuu yoo-kaa oofuu keessa

ءَايَٰتٞ لِّقَوۡمٖ يَعۡقِلُونَ ٥

5}*Ragaa iimaanatu warra raga aylif-atuuf takkaa qabatuuf jira .

تِلۡكَ ءَايَٰتُ ٱللَّهِ نَتۡلُوهَا عَلَيۡكَ

* Aayaanni dabarsine sun, raga tokku-mmaa rabbiiti tan nuti sirratti qaraanu, yookaa siif odeessinu,

بِٱلۡحَقِّۖ

*Haqaan, yookaa dhuga'aan

فَبِأَيِّ حَدِيثِۭ بَعۡدَ ٱللَّهِ

*Si ormi kuffaaraa sun, hadiisa qur'aana rabbii hin tayin ,

وَءَايَٰتِهِۦ يُؤۡمِنُونَ ٦

6}*Ragaa, ragaa rabbi hin tayin , kamitti amanan yookaa kam dhugo'oomsan? Isaan rabbitti hin amanin kan qur'aana isaa hin dhugo'oomsin, waan amanan jechu' .

وَيۡلٞ لِّكُلِّ أَفَّاكٍ أَثِيمٖ ٧

7}*Laga azaabatu, nama kijibaa, dilii heddummaatu, hundaaf jira .

يَسۡمَعُ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ تُتۡلَىٰ عَلَيۡهِ

*Kan aayaata rabbii, tan isarratti qar-a'amtu, dhagayu,

ثُمَّ يُصِرُّ

*Kan eegasii kufri'irratti didu .

مُسۡتَكۡبِرٗا

*limaanarraa if guddisee.

كَأَن لَّمۡ يَسۡمَعۡهَاۖ

*Akkuma waan aayata qur'aana hin dhagayinitti, irraa gara gala.

فَبَشِّرۡهُ بِعَذَابٍ أَلِيمٖ ٨

8}*Namicha san ibidda azaabatiin gam-machiisi. azaaba isa laalessu.

وَإِذَا عَلِمَ مِنْ ءَايَٰتِنَا شَيْـًٔا

*Kaafirtichi, rabbi moromu, hoggaa qu-r'aana rabbirraa waa beeke, yookaa hoggaa barate ,

ٱتَّخَذَهَا هُزُوًا

* Aayata qur'aanaa san taphaaf qabata .

أُوْلَٰٓئِكَ

*Warri kijibdoonni dilii heddommatan sun,

لَهُمْ عَذَابٌ مُّهِينٌ ٩

9}* Azaaba isaan xiqqeessutu isaanif jira

مِّن وَرَآئِهِمْ جَهَنَّمُ

*Fuula isaanii duras, aakhira'atti, ibidda jahannamtu isaan eeggata.

وَلَا يُغْنِي عَنْهُم مَّا كَسَبُوا۟ شَيْـًٔا

*Wanni isaan dalagan .azaaba rabbi .isaanirraa hin dhoowwitu, kufriin isaa-nii, horiin isaanii, ibidda jahannarnirraa, isaan hin duroomsu.

وَلَا مَا ٱتَّخَذُوا۟ مِن دُونِ ٱللَّهِ أَوْلِيَآءَ

* Asnaamni (taaboonni} isaan rabbii achitti gabaran, yookaa ibaadan, waa takka isaanii hin tolu.

وَلَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ١٠

10}*Jara kutfaaraa saniif, azaaba gudd-a'aatu jira, kan zalaalamii, keessa taa'an.

هَٰذَا هُدًى

*Qur'aanni kun, waan nama qajeelchu,

وَٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ بِـَٔايَٰتِ رَبِّهِمْ

*Warri qur'aana rabbii isaanitti kafare, takkaa morome,

لَهُمْ عَذَابٌ

*qooda qaban .

مِّن رِّجْزٍ

* Azaabarraa.

أَلِيمٌ ١١

11}*Azaaba isaan laalessu, takkaa isa-an azaaba qaban. azaaba akkaan jaba'-arraa jechu' .

۞ ٱللَّهُ ٱلَّذِى سَخَّرَ لَكُمُ ٱلْبَحْرَ

*Rabbiin yookaa waaqni, kan bahara isinii laaffise.

لِتَجْرِىَ ٱلْفُلْكُ فِيهِ بِأَمْرِهِۦ

*Akka doonin, markabni isa keessa isi-nii deemtuf. ajaja yookaa fedhii isaatin, fedhii rabbiitin. silaa odoo fedhuu baa-tee doonin bishaan gubbaa hin deemtu .

وَلِتَبۡتَغُواْ مِن فَضۡلِهِۦ

* Akka markaba san yaabbattanii, biyya takkarraa takkatti deemtanii naggadattanii, hajjii yookaa umraa gootanii, waan rabbiin isinii kennu, barbaaddattaniif.

وَلَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ١٢

12}*Akka waan argattanirratti rabbiif galata galchitaniif .

وَسَخَّرَ لَكُم مَّا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ

*Rabbiin waan samii keessa jiru, kan akka adu'uuji'aa, urji'ii faa, isinii laaffisee jira

وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ

* Ammallee waan dachii keessa jiru, kan akka waan lafarra deemuu, mukhaa, mayraa, lagaa faa, isinii laaffisee jira. Rabbiin waan
san hunda, faaydaa teessaniif uumne.

جَمِيعٗا مِّنۡهُۚ

*Hundi isi'ii waan rabbiin if biraa, tola oolee isinii kenne

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ

*Waan rabbiin isiniif uume, san keessa, ragaa tokkummaa rabbiitifii, dandeytii isaatitu jira .

لِّقَوۡمٖ يَتَفَكَّرُونَ ١٣

13}*Warra gad qabee laaluf

قُل لِّلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Warra rabbitti amaneen akki jettu

يَغۡفِرُواْ لِلَّذِينَ لَا يَرۡجُونَ أَيَّامَ ٱللَّهِ

*Orma kuffaaraa ,kanneen waan guyaan rabbii, itti fidu, hin scdanne, kanneen qixaaxa rabbii,hin sodaannef araaramaa, miidhaa isaan, isin miidhan, irra dabra'aaf. hamtuu isaanii ,hamtu'uun hin deebisinaa ji'iin, kun odoo nama isin miidhe, waan inni isiniin miidhen, isa miidha'aa ifirraa dhoowwaa je'ee, rabbiin orma islaamaa hin ajajini

لِيَجۡزِيَ قَوۡمَۢا بِمَا كَانُواْ يَكۡسِبُونَ ١٤

14}*Wanni rabbiin, warra kuffaaratiif dhiifama godhaa je'eef, akka warra dubbii isaa dhagayee, kuffaaraf dhiifama godheef, sawaaba waan isaan dalaganii isaanii kennu'uufi,

مَنۡ عَمِلَ صَٰلِحٗا فَلِنَفۡسِهِۦۖ

*Namni waan gaarii dalage, ifumaaf dalagate.

وَمَنۡ أَسَآءَ فَعَلَيۡهَاۖ

*Namni waan hamtuu dalage, ifuma galaafate.

ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُمْ تُرْجَعُونَ ﴿١٥﴾

15}*Eega duutanii, hundi keessan, gara rabbii keessaniiti deebitanii,duuba nama waan gaarii dalageefii, kan hamtuu dalageef jazaa galcha .

وَلَقَدْ ءَاتَيْنَا بَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ ٱلْكِتَٰبَ

*Banii israa'ii1if kitaaba (towraata} je'amu ,kan muusa'arratti buufne, kenninee jirra. Kitaabban isaanirraa towraattu irra gudda'a,

وَٱلْحُكْمَ

*Firdii nama jidu'utti godhuu isaanii kenrune.

وَٱلنُّبُوَّةَ

*Ammallee nabiyyummaa isaanii kennine . muusa'aafii, haaruunif .

وَرَزَقْنَٰهُم مِّنَ ٱلطَّيِّبَٰتِ

*Waan gaarii, halaal, isaanii kennine kan akka deyma (mannii} je'amuufii, foon shimbirro'oo kan (salwaa} je'amuu

وَفَضَّلْنَٰهُمْ عَلَى ٱلْعَٰلَمِينَ ﴿١٦﴾

16}*Banii israa'iil,warra zamana isaanii jim namaafii, jinni'irra, isaan caalchifnee jirra.

وَءَاتَيْنَٰهُم بَيِّنَٰتٍ مِّنَ ٱلْأَمْرِ

*Dubbii adii isaanii kenninee jirra, waan halaalifi, haraam adda isaanii ibsu. Ammallee dubbii ergaa nabi muhammaditti rarraatu, isaanii ibsinee jirra.

فَمَا ٱخْتَلَفُوٓا۟

*Ormi (banii israa'iiI} nabi muhammad e rgamaa rabbii tayuu keessatti wal hin dhabne.

إِلَّا مِنۢ بَعْدِ مَا جَآءَهُمُ ٱلْعِلْمُ

*Eeguma beekkoomsi isaanii dhufee malee Eeguma beekhanii wal dhaban

بَغْيًۢا بَيْنَهُمْ ۚ

*Sababaa wal dhaba isaan isaan jiddu`utti argameef. hisdi'iif. waanyumma'aaf. Matummaa yahuudi'ii barbaadaf, ergamiinsa nabi muhammad dhugo'oomsuu didan.yoo akka kitaabni keenya je'utti isa dhugo oomsine, yahuudan hundi amanteeti matummaa dhabna'aaf jecha. namni akkana dalage kabiirrotii isaaniti,

إِنَّ رَبَّكَ يَقْضِى بَيْنَهُمْ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ فِيمَا كَانُوا۟ فِيهِ يَخْتَلِفُونَ ﴿١٧﴾

**17}** *Rabiin kee jara akkasitti waan rabbiin dubbatee addeesserratti, wal dhabe san jiddu'utti, guyyaa qiyaama'aa firdii godha.

ثُمَّ جَعَلْنَٰكَ عَلَىٰ شَرِيعَةٍ مِّنَ ٱلْأَمْرِ

*Eega banii israa'iilii,ati yaa ergamaa kiyya muhammad, karaa diin, diriiraadharraa, si keenye. (shariikgatin} jechuun: karaa jechu'uu. (minal'amri} jechuun

فَٱتَّبِعْهَا

*Karaa diinaa islaamaa deeme .

وَلَا تَتَّبِعْ أَهْوَآءَ ٱلَّذِينَ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٨﴾

18}*Fidhii warra waa hin beynee jala hin deemin, waan isaan dalagan hin dalagin waan isaan rabbii achitti ibaadan hin ibaadin.warri waan beyne matootii kuffaarati .

إِنَّهُمْ لَن يُغْنُوا۟ عَنكَ مِنَ ٱللَّهِ شَيْـًٔا ۚ

*Isaan waa takka azaaba rabbii sirraan deebisan,

وَإِنَّ ٱلظَّٰلِمِينَ بَعْضُهُمْ أَوْلِيَآءُ بَعْضٍ ۖ

*Warri rabbitti kafare gariin isaanii, garii isaaniti addunyaa tanarratti gargaara, waliyyii tayaaf. wal bira dhaabbatan, ammoo aakhira'atti waliyyii, yookaa nama isaanii dirmatee, azaaba yookaa qixaaxa rabbii isaanirraa deemsisu hin qaban .

وَٱللَّهُ وَلِىُّ ٱلْمُتَّقِينَ ﴿١٩﴾

19}*Rabbiin yookaa waaqni waliyyii warra isatti amaneeti. kan addunya'aafii aakhira'atillee isaanii dirmatee isaan gargaaru. (diinaa} jechu'uu .

هَٰذَا بَصَٰٓئِرُ لِلنَّاسِ

*Qur'aanni kun, ifaa haqaa nama garsiisu.

وَهُدًى

* Ammallee qur'aanni waan jallinarraa qajeello'otti nama baasu .

وَرَحْمَةٌ

* Ammallee rahgmata . tola ,

لِّقَوْمٍ يُوقِنُونَ ﴿٢٠﴾

20}*Warra dhugaa barbaadu, kan guyyaa qiyaamaatti amanuuf. ammoo warri qur'aana moromu.qur'aanan bada rabbiin nama isatti hin amanne, qixaaxa hamaa qixaaxaa .

أَمْ حَسِبَ ٱلَّذِينَ ٱجْتَرَحُوا۟ ٱلسَّيِّـَٔاتِ

*Si warri dilii dalage, kan kafare,ni seyaa? (ijtarahguu} jechuun: dalagan jechu'uu.

أَن نَّجْعَلَهُمْ

*isaan godhuu .

كَالَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّـٰلِحَـٰتِ

*Akka warra amanee waan gaarii dalagee.

سَوَآءً مَّحْيَاهُمْ وَمَمَاتُهُمْ ۚ

*Jiru'uufii, du`a keessatti waan mu'rninatti isaan qixeessinu seyanii? Kaafiraafii . rnumina, haala jiru'uutifii ,haala du`atti, waan wal qixxeessinu , seyanii .

سَآءَ مَا يَحْكُمُونَ ﴿٢١﴾

21}*Wanni isaan siyan fokkaataa addunya'arratti horii horii argannee aakhira'attis orma islaamaa daran, argannaan isaan yaadan , murtii baddu , maalif rizqiin ,addunya 'aa.namatti balatuun, aakhiraan namaa toluu, hin beysisu . Rabbiin rizqii adduny aaa akka fidhetti qoodee , tanaaf kaafiraafii, rnu'minaaf, kenna, akku rna horiii kennu. Rnuminaafii , kaafirri wal qixaa miti . mu'rninni aakh ira 'atti jannata seenaa.kaafirri azaaba seenaa

وَخَلَقَ ٱللَّهُ ٱلسَّمَـٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ بِٱلْحَقِّ

*Rabbiin dachiidhafii,samii haqaan uume qudraa, yookaa dandeytii isaa muI'isuuuf akka isa beekhanii itti amana niif akka waan inni je'u dhagayaniif.

وَلِتُجْزَىٰ كُلُّ نَفْسٍۭ بِمَا كَسَبَتْ

* Akka namuu jazaa waan dalagee argatu kufrii tayuu , iimaana tayuu .

وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿٢٢﴾

22}*Kan isaan waa takka hin miidhamne

أَفَرَءَيْتَ مَنِ ٱتَّخَذَ إِلَـٰهَهُۥ هَوَىٰهُ

*Mee nama waan jaalatu rabbi godhate kan yoo dhagaa tokko jaalate, waaqa godhatee, yoo ammas dhagaa biraa, kan irra bareedu arge ,kan duraa san dhiisee , ka boodaa Rabbi godhatu gartee ..

وَأَضَلَّهُ ٱللَّهُ

*Kan Rabbiin isa jallise

عَلَىٰ عِلْمٍ

*Rabbiin,inni jallina haqa godhataa ,beekee jallisa takkaa kan namichi sun odoo haqa beekhuu Rabbiin jallise, namni odoo beekhuu jallate hama' aa.

وَخَتَمَ عَلَىٰ سَمْعِهِۦ وَقَلْبِهِۦ

*Kan Rabbiin gurra isaatifii , qalbii isaa cufe kan sanii jecha qajeelloo dhagayuu didee ,qeebaluu dhabe.

وَجَعَلَ عَلَىٰ بَصَرِهِۦ غِشَـٰوَةً

*Kan ija isarra dukkana kaaye kan sanii jecha , haqa hin argine namni sun ni qajeelaa ?

فَمَن يَهْدِيهِ مِنۢ بَعْدِ ٱللَّهِ

*Eenyu namni eega Rabbiin isa jallisee isa qajeelchu? hin jiru. yoo Rabbi taate malee.

أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ﴿٢٣﴾

23}*Si hin gorfamtanii .

وَقَالُوا۟

*Warri qiyaaman hin dhuftu jeu . akki jee .

مَا هِىَ إِلَّا حَيَاتُنَا ٱلدُّنْيَا

*Jiruun teenya tanuma addunyaaa tanaa

نَمُوتُ وَنَحْيَا

*Gariin keenya ni duaa gariin keenya ni dhalata ,

وَمَا يُهْلِكُنَآ إِلَّا ٱلدَّهْرُ

*Wanni nu ajjeesu , waan biraatii mitii bara,yookaa zamanni dabru' Je'an, ummata arabarraa, warra halkaniifii guyyaaatu nujiraachisee, nuu ajeessa jeu , kan zamanumaatu waa fayya-daa , isumaatu waa miidhaa jeuutu jira kan yoo zamanni tole. zamana faarsee, yoo hammaate, arrabsu .. duuba Rabbiin akki jee .

وَمَا لَهُم بِذَٰلِكَ مِنْ عِلْمٍ

*Jarri sun Waan jean keessatti beek-komsa hin qaban barumaatu nu ajeessaa barumaatu nu jiraachisaa jean san, bee-kkomsaan hin jeanii,

إِنْ هُمْ إِلَّا يَظُنُّونَ ﴿٢٤﴾

24}*Isaan siyiinsan.akkas jean waan halk-aniifii , guyyaa keessatti Rabbiin uumu ga-rraan, dalagaa Rabbii, tan isaan lamaan ke-essatti argamtu garraan , waan halkaniifii guyyaan uumu seyanii, akkas jean .

وَإِذَا تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ ءَايَٰتُنَا بَيِّنَٰتٍ

*Hoggaa orma qiyaamaa moromurratti aayaanni quraanaa, tan Rabbiin ,nama du'e qabriii kaasee , gaafata jettu qara'a-mte , aayaanii makgnaan isiii mul'atu .

مَّا كَانَ حُجَّتَهُمْ

*Ragaan isaanii,waan quraanni je'u di-du'uuf, wanni isaan qabatan waan bir-aatii miti

إِلَّآ أَن قَالُوا۟ ٱئْتُوا۟ بِـَٔابَآئِنَآ إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿٢٥﴾

25}*Yoo kan dhugaa dubbattan taatan abbootii teenya ta dur isaanii jere'oo ,nuu fidaa jechuu malee, waa biraa kan jean hin qaban .

قُلِ ٱللَّهُ يُحۡيِيكُمۡ

*Wanni orma zamanumaatu nu, jiraachisee nu ajeessa ji'uun jettu kan isin jira achisu Rabbii, isinii bishaanii isin uume

ثُمَّ يُمِيتُكُمۡ

*Kan eega umriin teessan dhumtee,isin ajeessu. Rabbii tokkicha. zamanaa mitii

ثُمَّ يَجۡمَعُكُمۡ إِلَىٰ يَوۡمِ ٱلۡقِيَٰمَةِ

*Rabbiin guyyaa qiyaarnaaa walitti isin qaba.

لَا رَيۡبَ فِيهِ

*Guyyaa qiyaamaaa kan dhufiinsa isaa keessa shakkiin hin jirre dalagaa teessanirraa isin gaafatu' uuf .

وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ٢٦

26}*Haa tayuu irra hedduun, warra akkas je'uu, humna Rabbii, hin beekanii, tanaaf Rabbiin.narna due qabriii hin kaasu je' an .

وَلِلَّهِ مُلۡكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ

*Qabeenyi yookaa mootummaan sami`iifii , dachiii tan Rabbiiti .

وَيَوۡمَ تَقُومُ ٱلسَّاعَةُ يَوۡمَئِذٖ

*Guyyaa qiyaaman dhaabbattu, guyyaa san

يَخۡسَرُ ٱلۡمُبۡطِلُونَ ٢٧

27} * Kaafirri, warri Rabbi Moromu .ni hoongaya, khasaaran, warra badaaa, ni mulatti gara ibiddaa isaan oofuudhan

وَتَرَىٰ كُلَّ أُمَّةٖ

*Gaafa dirree qiyaarnaaa san wanni ati gartu , warra diin qabu hunda ( ummah } jechuun ummata diin qabu jechu'uu .

جَاثِيَةٗۚ

*Kanneen jilbarra if tattaa'an garta . sodaa keessa. Takkaa ummanni hundi ummata kaanirraa fooyameeti taaan, jechu' .

كُلُّ أُمَّةٖ تُدۡعَىٰٓ إِلَىٰ كِتَٰبِهَا

*Ummanni hundi, kitaaba dalagaa isaanii, fudhatu'utti yaamaman .

ٱلۡيَوۡمَ تُجۡزَوۡنَ مَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ ٢٨

28}*Wanni isaanin je`amu ara jazaa waan dalaydanii mudattan .

هَٰذَا كِتَٰبُنَا يَنطِقُ عَلَيۡكُم بِٱلۡحَقِّۚ

*Inni kun kitaaba keenya kitaaba dalagaan teessan keessatti katabamte,kan haqaan ragaa isinitti bayu kan idaane , kan hin irifne

| | |
|---|---|
| 29}*Nuti waan isin dalaydan , ni katabna ol keenya . | إِنَّا كُنَّا نَسْتَنسِخُ مَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٢٩﴾ |
| *Ammoo warri rabbitti amanee , waan gaarii dalage . | فَأَمَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ |
| *Rabbiin isaanii , jannata isaati isaan seensisa , | فَيُدْخِلُهُمْ رَبُّهُمْ فِى رَحْمَتِهِۦ |
| 30} *Sun milkii guddoo mul'attuu . | ذَٰلِكَ هُوَ ٱلْفَوْزُ ٱلْمُبِينُ ﴿٣٠﴾ |
| *Ammoo warri Rabbitti kafare yookaa morome. | وَأَمَّا ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓا۟ |
| *Wanni isaanin jearnu si quraanni kiyya isinirratti qaraamuu ,yookaa dubbifamuu hin turree ? . | أَفَلَمْ تَكُنْ ءَايَٰتِى تُتْلَىٰ عَلَيْكُمْ |
| *Kan duuba itti amanu'urraa if gudditan. | فَٱسْتَكْبَرْتُمْ |
| 31}*Kan warra Rabbitti kafare taatan | وَكُنتُمْ قَوْمًا مُّجْرِمِينَ ﴿٣١﴾ |
| *Hoggaa isiniin jearne: isin yaa warra Rabbitti kafare . | وَإِذَا قِيلَ |
| *Wanni Rabbiin ni argamti je'ee, baallama seene, yookaa odeesse, haqaa dhuga`aa ,argamuun ooItu | إِنَّ وَعْدَ ٱللَّهِ حَقٌّ |
| *Qiyaamman ni dhuftii,akka dhuftu shakkiin keessan jiru , isiniin jeame , | وَٱلسَّاعَةُ لَا رَيْبَ فِيهَا |
| *Waan saaan taate hin beynu . | قُلْتُم مَّا نَدْرِى مَا ٱلسَّاعَةُ |
| *Nuti qiyaaman ni dhuftii seena malee, | إِن نَّظُنُّ إِلَّا ظَنًّا |
| 32}*Nuti akka qiyaaman dhuftu , hubantii hin qabnu jettan . | وَمَا نَحْنُ بِمُسْتَيْقِنِينَ ﴿٣٢﴾ |
| *Gaafa qiyaaman isaan dhugocomsuu didan dhufte,wanni hamtuun isaan da lagan. Isaanif rnulatte. Qixaaxa dalagaa isaanii argan | وَبَدَا لَهُمْ سَيِّـَٔاتُ مَا عَمِلُوا۟ |
| 33}*Azaabni isaan hin jiru jeanii qishnaa godhuu, yookaa kijibsiisuu turan , itti marsee, bakka itti dheeysan hin qaban. | وَحَاقَ بِهِم مَّا كَانُوا۟ بِهِۦ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿٣٣﴾ |

| | |
|---|---|
| وَقِيلَ ٱلۡيَوۡمَ نَنسَىٰكُمۡ | *Wanni kuffaaran jearnu guyyaa qiya-amaaa san: ar'a ibidda keessatti isin dhiifna. |
| كَمَا نَسِيتُمۡ لِقَآءَ يَوۡمِكُمۡ هَٰذَا | *Akka isin, guyyaa kana argu'uuf qo-phaayuu dhiiftanitti rabbitti amanuu dhiiftanii. |
| وَمَأۡوَىٰكُمُ ٱلنَّارُ | *Aakhira`atti bakkeen is in galtan ibi-dda azaabati |
| وَمَا لَكُم مِّن نَّٰصِرِينَ ﴿٣٤﴾ | 34}*Namni isinii tumsee, ibiddarraa isin dhoowwu hin jiru . |
| ذَٰلِكُم | *Wanni isin ibidda seentaniif, |
| بِأَنَّكُمُ ٱتَّخَذۡتُمۡ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ هُزُوٗا | *Sababaa isin quraana xiqqeessitaniifi sababaa itti amanuu diddaniifi |
| وَغَرَّتۡكُمُ ٱلۡحَيَوٰةُ ٱلدُّنۡيَاۚ | *Jiruun addunya 'aa isin daydee.hanga aakh-iraan hin jirtuu , tanaaf jecha, waan dalaynerraa hin gaafatamnuu yaaddanitti . |
| فَٱلۡيَوۡمَ لَا يُخۡرَجُونَ مِنۡهَا | *Ar'a guyyaa qiyaarnaaa kana, ibidda azaabarraa hin baafaman. |
| وَلَا هُمۡ يُسۡتَعۡتَبُونَ ﴿٣٥﴾ | 35}*Rabbii Araarfatulleen isaanirraa hin barbaadamu tawbatanii ibaadaa go-dhuun, isaan hin fayyaddu waan way-tiin towba`aa dabarteef. |
| فَلِلَّهِ ٱلۡحَمۡدُ | *Galanni ka Rabbiiti Rabbii waan add-unya'arratti kuffaaran sodaachise, aakh iraatti isaan agarsiise . |
| رَبِّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَرَبِّ ٱلۡأَرۡضِ رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٣٦﴾ | 36}*Rabbii sarniiifii, dachii uume .Ra-bbii waan isan tayin hunda uumee, qabu |
| وَلَهُ ٱلۡكِبۡرِيَآءُ | *Guddinni kan Rabbiiti. kan waaqati |
| فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۖ | *Sami'iifii,dachii keessatti |
| وَهُوَ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ﴿٣٧﴾ | 37} *Rabbiin jabaa hikmaa qabu . |